**IBSA IJJANNOO BARATTOOTA OROMOO YUUNIBARSIITIIN JIMMAA KABAJA YAADANNOO FDG SADAASA 9/2005 WAGGAA 10FFAA IRRATTI BAAFATAN .**

Gootootni Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Guyyaa yaadannoo FDG Sadaasa 9/2005 Waggaa 10ffaa bifa adda ta’een kabajachuun Sadaasni 9/2005 bara seenaa adda qabu bara dhaloonni qubee waamicha qabsoo ABO uummata Oromoof godheetti dammaqinsa guddaan warraaqsa biyyoolessaa FDG abbaa irree wayyaanee irratti gaggeessuun mirga uummata Oromoo kabachiisuuf wareegama qaalii kanfalan, bara qabsoon bilisummaa Oromoo dhiigaa fi lafee dhaloota qubeen jabeeffame, bara mootummaan wayyaanee ilmaan Oromoo qaroo uummataa ta’an qiyyaafatee jumlaan hidhee,jumlaan ajjeese bara seenaa dargaggoota Oromoo keessatti yoom iyyuu hin dagatamne waan ta’eef bara baraan ni yaddanna. Yaadachuu fi gootota ilmaan Oromoo wareegamaniif hidhii xuuxuu qofa utuu hin ta’iin kaayyoo gootootni ilmaan Oromoo yeroo irraa gara yerootti irratti wareegamaa jiran galmaan ga’uuf wareegama kamuu baasuufi qabsoo bilisummaa Oromoo galii isaan ga’uufi gumaa gootota keenyaa baasuuf guyyuu kutannoo fi murannoodhaan qabsoo bilisummaa Oromoo ABO n durfamu cina dhaabbannee jiraachuu keenya ibsacha. Bara 2014 baatii Ebla 11/2014 irraa egaluun warraaqsa seenaa qabeessa bifa qindaa’ee fi ijaarameen kan itti fufsiifnee mormii guddaan mootummaa Wayyaanee Oromiyaa diiguuf maqaa Master Plani Finfinneetiin karooraa haaraa ittin Oromoo buqqisuu fi Maappii Oromiyaa diigu dura dhaabbachuun Waamicha FDG uummata Oromoo hundaaf gooneen Uummatni Oromoo keessa fi Duubaatti gara Warraaqsaa seenaa qabeessaa marsaa 2ffaa dhalootni Qubee Qeerroon bilisummaa Oromoo dhoosne kanatti dammaqinsaan kan hirmaatee fi wareegama fakkaataa bara 2005 deebisee kanfaluun biyyaa abbaa isaa falmachuuf dirqamedha. Ammaas hanga Oromiyaan Bilisoomtuu fi Wayyaanee EPRDF/TPLF harka isaa Oromiyaa irraa kaasuutti qabsoo bilisummaa Oromoo galmaan ga’uu Warraaqsaa FDG finiinsuu irraa of duuba kan hin deebine ta’uu hubachiisuun Yaadannoo FDG Sadaasa 9/2005 sababeeffachuun IBSA EJJENNOO armaan gadii dabarfanne!!

1. Lammiiwwan keenya Uummatni Oromoo Mootummaa Wabii dhaabbatuuf waan hin qabneef balaa beelaan du’aan miidhamaa jiran cinaa Dhaabbileen gargaarsa Addunyaa dirmanna cimaa akka godhuuf gadi jabeessuun gaafachuun cinatti mootummaan Wayyaanee gargaarsa balaa beelaaf godhamuu uummata qaqqabsiisuu hanqatee bu’aa siyaasaa abbaa irree isaaf olfachuu waan maluuf dhaabbatni gargaarsa addunyaa gargaarsa taasisaa jiru uummata sirnaan qaqqabuu hordoffii cimaa akka godhu ni akeekna. Nuti dargaggootni barattootni Oromoos waan dandeenyuun uummata keenya beelan du’aa jiru cina ni dhaabbanna!!
2. Qabsoo FDG kan abbaa irree wayyaanee EPRDF/TPLF irratti gaggeessinu kan dhiigni lammii keenyaa itti dhangala'ee fi lafeen itti caccabe itti fufuun galmaan ni geenya!!
3. Dhimma Master Plan Finfinnee(master killer) fi Magaalootа Oromiyaa dhimma lubbuun Qeerroo barattoota Oromoo fi qonnaan bulaa Oromoo itti wareegame, kaan qaama itti hirdhatee,barnoota dhabee, jumlaan itti hidhame waan ta’eef akka dhaabbatuuf sochii karoorri badii balleessii kun Oromiyaa irraa akka dhaabbatuuf FDG irraa duuba hin deebinu!!
4. Mootummaan Abbaa irree lammiilee Oromoo mana hidhaatti guure akka gadi dhiisuuf sochii gama kamiinuu itti fufna!!
5. Mootummaan Wayyaanee ummata Oromoo qe'ee isaarraa buqqisaa jiru nurraa haa dhaabu Lafti Ummataa maqaa inveestimentii fi Liiziidhaa abbootii qabeenyaa TPLF fi faranjootatti gurguramuun nurraa haa dhaabbatu!!
6. Sochii ABO'n gaggeessu karaa humna qabnu kamiinuu cinaa ni dhaabbanna, ABO’n kallacha qabsoo bilisummaa Oromoo haqaaf falmu, kan wayyaaneen halkanii guyyaa balaaleeffattuu

fi balleessuuf irratti shira garaagaraa keessa duubaan xaxxu ta'uu ni hubanna, nuti ABO jiraachisuufi ijaaruun cina dhaabachuun qabsoo bilisummaa Oromoo daran finiinsuuf qophii cimatti jiraachuu ni hubachiifna.

7. Maqaa Qabsoo bilisummaa Oromoon ilmaan Oromoo karooraa fi akeeka diinaan dogoggorfamuun utuu beektaniis ta'ee utuu hin beekiin olola uummata diiguu fi dadhabsiisuu marsaalee Media fi Website garaagaraa irraan darbachuu irraa akka of qusattan gadi jabeessuun dhaammachuun gara qabsoo bilisummaa Oromoo ijaaruu, jabeessuu fi Tokkummaa uummata Oromoo lafee fi dhiiga gootota Oromoon ijaarame jabeessuun akka tikfannuu dhaammanna jechuun Ibsa ejjennoo yaadannoo FDG sadaasa 9/2005 ilaalchisuun dabarfannee jirra!!

Injifannoon Uummata Oromoof!!

Gadaan gadaa Bilisummaat!!

Yuunibarsiitii Jimma